

# CE'UMSA: BARNOOTAAF JALQABBII GAARII

Qajeelfamoota maatiin Ibsa Barnoota Ce'umsaa fi Guddinaa akka xumuraniif isaan gargaaran

## JALQABBIIN MANA BARUMSAA GAARIIN MAALIIF BARBAACHISAA TA'EE?

Jalqabbiin barnootaa gaariin daa'ima keessan bu'aawwan fayyaa fi barnootaa fooyya'aa ta'etti akka argatan taasisa. Kun:

- Barnootaa fi guddina isaanii irratti jeeqamu ni ittisa
- Daa'imman keessan miirri nageenyi isaanii eegamu, ofitti amanummaa fi namoota faana qunnamtii akka qabaatan gargaara
- Ofitti deebi'u ni jajjabeessa.

## IBSI BARNOOTA CE'UMSAA FI GUDDINAA MAALIDHA?

Ibsi Barnoota Ce'umsaa fi Guddinaa (kan Ibsi Ce'umsaa jedhamuun beekamu) daa'imman tajaajila daa'imummaa jalqaba irraa gara barnootaatti darban hundaaf kan barreeffame dha. Ibsi Dabarsaa kun tajaajiloota, manneen barnootaa fi maatii giddutti qoodinsa odeeaffannoo godhamu caalaatti ni salphisa.

Ibsi Dabarsaa Daa'ima keessanii kaninni dabalatu:

- Maqaa, guyyaa dhalootaa fi suuraa daa'ima keessanii
- Maqaa fi odeeaffannoowwan quunnamtii keessan
- maqaa fi odeeaffanno quunnamtii tajaajila yeroo daa'imummaa akkasumas ogeesota tajaajila daa'immanii isaan jalqabaa daa'ima keessan deeggaraa jiran kamiyyuu.
- Odeeaffanno waa'ee fedhiwwanii, ogummaawwanii fi dandeettiiwwan daa'ima keessanii
- Tarsiimoowwan barsiisuu barnoota daa'imman keessan deeggaruudhaaf.

Odeeaffannoon kun barsiisaan qophaa'inaa daa'ima keessanii daa'imman keessan akka baranii fi barnoota

isaanii akka karoorsaniif kan gargaaru dha. Ibsi Ce'umsaa kun daa'imman keessan yemmuu barnoota eegalan barnoota isaanii akka hubattaniif, deeggartanii fi irratti haasoftaniif illee isin ni gargaara.

Yoo daa'imni keessan Aawutsaayid Iskool Haaworsi Keeriin (OSHC) kan deemu ta'e, hojjetaa OSHC f illee garagalchi Ibsa Dabarsaa kanaa ni kennamaaf.

Faayidaaleen Ibsa Dabarsaa Daa'ima Keessanii:

- Fedhiwwan daa'ima keessanii akka karoorsitanii
- Ce'umsa daa'imni keessan tajaajila yeroo daa'imummaa isa jalqabaa irraa gara mana barumsaatti taasisu walqixxeessuuf.

## IBSA CE'UMSAA KANAAF GALTEEN KEESSAN

Ibsa Ce'umsaa isaanii irratti gumaachuudhaan daa'imni keessan jalqabbiin mana barnootaa gaarii ta'e akka qabaatu gargaaru ni dandeessu.

Ibsi Dabarsaa kun namootnii adda addaa akka guutaniif kutaalee guutaman ni qaba:

**kutaaleen1 fi 1.1** barsiisaa daa'ima keessanii yeroo daa'imummaatiin kan guutamanidha.

**Kutaan 1.2** daa'imni keessan yoo qaama miidhamaa ta'e yookaan guddinaan kan booddeetti hafe ta'e barsiisaa wayita daa'imummaa daa'ima keessanii guutamuun malu. Ogeessotni daa'immanii biroon daa'ima keessan deeggaranillee itti gumaachuu malu.

**Kutaa 2: Daa'ima** ga'eessa akka keessanii yookaan barsiisaa wayita daa'imummaan gargaaramuun daa'ima keessaniiin kan guutamu dha.

**Kutaa 3: Maatiin** isin kan guuttani dha. Ilaalcha isin waa'ee kanaa gadii irratti qabdan isin gaafata:

- Fedhiwwan daa'ima keessanii
- abdii, hawwii fi galma isin daa'ima mana barumsaa keessaniitiif qabdan.

Odeeaffannoon kun barsiisaan (fi barsiisaa OSHR isaanii, yoo qabaataniif) daa'imman keessanii sinii fi daa'ima keessan waliin akka wal quunnamanii fi barnootaa fi guddina daa'imman keessanii akka deeggaranii ni gargaara.

## ITI AANSEE MAALTU TA'A?

Kutaa 3 (fi yoo daa'ima keessan irratti gargaartaniittu ta'e, kutaa 2) keessan isa xumurame barsiisaa wayita daa'imummaa daa'ima keessaniiiti deebisaa.

Iсаан кутаале Ibsa Ce'umsaa qindeessuun garagalcha isaa kanneen araan gadiif kenuu:

- Isiniif
- Mana barumsaa daa'ima keessaniif
- Tajaajilaa OSHC daa'imman keessaniif, yoo qabaataniif.

Hanga yoonaatti mana barumsaa hin filatiin jirtu yoo ta'e, garagalchi Ibsa Ce'umsaa isiniif ni kennama. Garagalcha kana mana barumsaa daa'ima keessan itti barsiifattanitti kennuu ni dandeessu.

Kutaa 3 hin deebistan yoo ta'e, barsiisaan wayita daa'imamummaa daa'ima keessanii Ibsa Ce'umsaa isa xumurame isin, mana barumsaa daa'ima keessanii fi yoo jiraateef tajaajilaa OSHC daa'ima keessanii wajjiin kan qooddatu ta'a.

Odeeffannoo Ibsa Ce'umsaa keessa jiran quodduun ce'umsa daa'inni gara mana barumsaatti taasisu kan milkaa'e taasisa. Haa ta'uyyu malee, Ibsi Ce'umsaa kun mana barumsaa daa'ima keessaniif akka qoodamu yoo hin feetan ta'e, maaloo barsiisaan wayita daa'imummaa daa'ima keessanii haasofsiisaa.

Yeroo tokko tokko ogeessonni barnootaa fi kunuunsaan Viiktooriya fayyummaa fi nageenya daa'ima eeguuf odeeffannoo qoddachuu isaan barbaachisa. Tajaajilli wayita daa'imummaa keessanii yeroo barbaachisaa ta'etti, kunuunsaaf, qoollifanna ittisuuf, fayyummaa iddo hojji akkasumas nageenya fi fayyaa daa'ima fi dirqamoota nageenya isaanirraa eegaman galmaan ga'uuf odeeffannoo waa'ee daa'ima fi maatii keessanii qooddachuu malu. Odeeffannoo dabalataaf <https://www.vic.gov.au/information-sharing-schemes-and-the-maram-framework>, daawwadhaa.

### **ODEEFFANNOO DABALATAAF**

Maaloo, [www.education.vic.gov.au/transitiontoschool](http://www.education.vic.gov.au/transitiontoschool) daawwadhaa.

Sanadi kun afaan garaagaraatiin, [www.education.vic.gov.au/transitiontoschool](http://www.education.vic.gov.au/transitiontoschool) irratti ni argama.